Dhibeewwan fangasii biqiltuu bunaa – kunuunsa bunaa irratti dhiibbaa qaban

Buna oomishuun jireenya qonnaan bultoota kibba-lixa Itoophiyaatiif baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, oomishtummaan bunaa dhibeewwan bunaa naannoo kana keessatti beekaman afuriin rakkina guddaa keessa galaa jira. Isaanis, dhibee ija bunaa (kan qotee-bulaan koleeraa bunaa jechuun beeku), dhibee baala bunaa (waagii bunaa), dhibee jirma bunaa gogsuu fi dhibee hundee bunaa tortorsu (Armilaariyaa) fa'a. Dhibeewwan adda addaa kun bakka olka'iinsi lafaa fi heddumminni gaaddisa bunaa adda addaa ta'e irratti rakkina guddaa geessisu. Kanaafuu, kunuunsa dhibeewwan bunaa afran kana hundaa xiqqeessuu danda'u bakka tokkotti gochuuf yaaluun hin danda'amu. Gosa bunaa kan dhibee ija bunaa dandamatu fayyadamuun ni mala ta'a. Haata'u malee, kun immoo heddummina qabeenya jenetikii bunaa xiqqeessuu danda'a. Fangasii adii kan fangasii keelloo dhibee baala bunaa fidu nyaatu (haayparpaarasaayitii) fi dhibee baala bunaa xiqqeessuu danda'u argannee jirra. Fangasii adii kana fayyadamuun dhibee baala bunaa ittisuun barbaachisaadha. Itti dabalataanis haala tamsa'ina dhibee goksaa bunaa fi Armilaariyaa irratti akkasumas haala kamiin tamsa'ina isaanii ittisuu akka danda'amu ilaalchisee qaama ilaallatuuf hubannoo ga'aa kennuun barbaachisaadha.

Kunuunsa bunaa kibba-lixa Itoophiyaatti

Kibba-lixa Itoophiyaatti bunni bosona uumamaa kan gaaddisni isaani heddummate jalatti kan guddatu yoo ta'u haala ammayaa'atiin immoo gaaddisa xiqqaa fi wal-irraa fagaatan (rukkina gad-aanaa qaban) jalattis ni oomishama (Fakkii 1[ffaa]). Haata'u malee, kunuunsi bunaa kan naannoo kanatti baay'inaan argamu kan qotee-bulaa xixiqqaa biratti mul'atudha. Kunis, qonnaan bultoonni naannoo kanaa yeroo dheeraa keessa bosona isaan cinaa jiru gaaddisa isaa xiqqeessaa biqiltuu bunaa keessa dhaabuun kan fayyadamaniidha. Kan biraa immoo kan buna kibba-lixa Itoophiyaa adda godhu iddoo heddumminni gosa bunaa (jenetikiin buna arabikaa) itti heddummatu ta'uu isaati. Kuni immoo akkuma addunyaattuu qabeenya baay'ee boonsaa fi barbaachisaa ta'e dha. Dhibeewwaan fangasii kan qaama bunaa adda addaa miidhan gufuuwwan qotee-bulaa naannoo kanaa isa guddaadha (Fakkii 2[ffaa]). Gama qotee-bulaatiin fedhiin akkamiinan dhiibbaa dhibeewwan bunaa xiqqeessee oomisha ga'aa fi bu'aa gaarii argadha kan jedhu jira. Haata'u malee, kunuunsa bunaa cimsuun immoo heddummina qabeenya jenetikii bunaa naannoo kanaa miidhuu danda'a. Akkasumas dhiibbaa gaarii bunni gaaddisa jalatti guddatu heddummina lubbu-qabeeyyii naannoo sanaaf qabu xiqqeessuu danda'a.

Dhibeewwan fangasii bunaa afran

Dhibeewwan fangasii afran kun bakka adda addaatti miidhaa akkamii buna irratti akka geessisan naannoo bunni itti oomishamu maasaa 60 keessatti waggoota muraasaaf qoranne. Bakki qorannoo keenyaa kuni naannoo bunni heddumminaan itti argamuu ta'ee iddoowwan bunni kunuunsa adda addaatiin oomishaman keessaa filatame. Maasaawwan bunaa kun hundumtuu naannoo Oromiyaa, Godina Jimmaa, aanaa Gommaa fi Geeraa keessatti argaman. Dabalataanis, fangasii fangasii biraa nyaatee heddummina isaa xiqqeessuu danda'us qoo'anneerra. Maasaa bunaa qorannoo kanaaf filataman hunda keessatti lakkoofsa muka bunaa fi olka'iinsa lafaa safarree jirra, baala bunaatis funaannee garaagarummaan jenetikii bunaa kan ooyiruu bunaa adda addaa maal akka fakkaatu hubannoo argannee jirra.

Maal argannee?

Dhibee baala bunaa naannoo bunni kunuunsa guddaa argatuu fi olka'iinsi lafaa toora 1500 m ta'utti heddumminaan arganne. Gara biraatiin immoo dhibee ija bunaa iddoo kunuunsi bunaa itti xiqqaatu fi olka'iinsi lafaa guddatutti (~ 2000 m) danatee arganne (Fakkii 3[ffaa]).

Fakkii 1. Garaagarummaa buna bosona uumamaa hanga buna haala ammayyaa'aan kunuunfamuu

Gooksaan jirma bunaa fi Armilaariyaan naannoo olka'iinsi lafaa itti guddatutti danatan. Dhibeen goksaa bunaa iddoo bunni kunuunsa xiqqaan guddatutti kan baay'atu yoo ta'u Armilaariyaan immoo toora kunuunsi bunaa itti danatutti heddummata. Kanaafuu dhibeewwan gosa gara garaa iddoo adda addaatti rakkina guddaa geessisu. Garaagarummaan heddummina dhibeewwanii garaagarummaa jenetikii bunaa ooyiruuwwan bunaa garaagaraa giddu jiruun hanga ta'e ibsameera. Gara biraatiin, bunni tokko tokko dhibeewwan gosa tokko isa kaan caalaa dandamatu jechuudha. Argannoon keenya dhibeewwan baala bunaa fi fangasiin isa nyaatu (haayparpaaraasaayitiin) naannoo qilleensa adda addaa qabu akka jaalatan mul'isa (Fakkii 2[ffaa]). Haayparpaarasaayitiin bakka gaaddisa danatu fi lafa olka'iinsi isaa guddaa ta'e jaalata. Kan nama ajaa'ibsiisu immoo toora haayparpaaraasaayitiin itti danatutti dhibeen baala bunaa xiqqaaa ta'uu isaati (Fakkii 3[ffaa] b).



Fakkii 3[ffaa]: a) Olka'iinsi lafaa yoo dabalu dhibeen baala bunaa ni xiqqaata, dhibeen ija bunaa ni danata. b) Guddinni fangasii baala bunaa yeroo bonaa gara gannaatti (gogiinsaa gara roobaatti) ce'u iddoo haayparpaaraasaayitii baay'een argametti ni xiqqaata.

Fakkii 2[ffaa]. *Dhibeewwan buna Arabikaa irratti balaa guddaa geessisan afran: a) Dhibee baala bunaa (keelloo) fi fangasii isa nyaatu, haayparpaaraasaayitii (adii), b) Dhibee ija bunaa (kan qotee-bulaan kooleeraa bunaa jechuun beeku), c) Gogsaa jirma bunaa fi d) dhibee hundee bunaa tortorsu, Armilaariyaa.*

Goolaba, yaada gorsaa fi gaaffilee deebii hin arganne

Dhibeewwan fangasii garaagaraa iddoowwan qilleensa adda addaa qaban waan barbaadaniif qotee-bulaan buna oomishu dhibee rakkina guddaa geessisuu danda'u irratti xiyyeeffachuu qaba. Haata'u malee kunuunsi dhibee tokkoof akka furmaataatti godhamu dhibee kan biraatiif saaxiluu ykn haala mijeessuu akka danda'u hubachuun barbaachisaadha. Dhiibbaa gaarii haayparpaaraasaayitiin fangasii baala bunaa irratti qabu hanga ta'e tokko kan barre yoo ta'u gadi-fageenyaan xinxaluu akka barbaachisu hubanne jirra. Naannoon kun faayidaa biraatis ni qaba. Bakka bunni uumamaa itti argamuu fi naannoo jenetikiin buna Arabikaa heddumminaan itti argamu akkasumas bakka heddumminni lubbu-qabeeyyii (biqiltootaa fi bineeldotaa) itti danatu dha. Kanaafuu, haayparpaaraasaayitii arganne kana malees gosti biraa kan uumamaan too'annoo dhibeewwanii fi ilbiisota adda addaatiif kan tajaajilan naannoo kanatti argamuu malu. Kuni immoo waan gadi-fageenyaan qorachuun barbaachisu dha. Gosa bunaa kan dhibee ija bunaa dandamatu fayyadamuun barbaachisaa yoo ta'u, dhiibbaan hin barbaachifne kan kanaan walqabatee dhufuu danda'u qotee-bulaan yoo buna bosonaa gosa bunaa kan dhibee dandamatan kanaan jijjiire (bakka buuse) qabeenyi jenetiikii buna uumamaa naannoo kanatti xiqqaachaa deemuu danda'u isaati.

Piroojektiin qorannoo kanaa "*Buna kunuunsuun jiruu qotee-bultoota kibba-lixa Itoophiyaa fi heddummina lubbu-qabeeyyii guddisuuf*" fi "*Lafa bunaa qonnaan bultoota xixiqqoo Itoophiyaa haala itti fufiinsa qabuun jijjiirama qilleensatti madaqsuu*" kan jedhu fi dhaabbata Sweden VR/SIDA jedhamuun kan deeggarame yoo ta'u piroojektii kana kan hoogganan Kristoffer Hylander Kristoffer.hylander@su.se, Ayco Tack ayco.tack@su.se, Bayyaanaa Zawudee beyu2009@gmail.com fi Buruuk Ayyaaleewu biruk.ayalew2@gmail.com fa'a. Odeeffannoo dabalataaf www.su.se/deep dubbisaa.